

**Wixinee Labsii Manneen Murtii Aadaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuu fi  
Beekamtii Kenuuf Qophaa'e, Lakkoofsa\_\_\_\_/2013.**

Mootummaan naannichaa aadaalee mirgoota bu'uuraa fi namoomaa, dimokiraasii fi Heera Mootummaa hin faallessine akka gabbatanii fi guddatan gargaaruuf ittigaafatamummaa kan qabu waan ta'eef;

Walfalmitootni dhimmi isaanii seera aadaatiin akka ilaalamuuf fedhii qaban, bu'uura Heera Mootummaa Naannichaatiin Manneen Murtii Aadaa hundeffaman yookiin beekamtiin kennameefitti keessummaa'uu kan danda'an ta'uu tumamee kan jiru waan ta'eef;

Manneen Murtii Aadaa hawaasni tajaajila haqaa dhaqqabamaa ta'e akka argatu, dhugaa fi haqa baasuu irratti bu'a qabeessa ta'an, adeemsa salphaa hordofanii fi hariiroo hawaasaa cimsuu dandeessisan diriirsuun waan barbaachiseef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Labsii Lakkoofsa 46/1994 Keewwata 49 (3) (a) tiin kan kanatti aanu labsameera.

**KUTAA TOKKO**

**TUMAALEE WALIIGALAA**

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Labsiin kun “*Labsii Manneen Murtii Aadaa Naannoo Oromiyaa, Lakkoofsa--/2013*” jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan galumsa jechichaa hiika biroo kan kennisiisu yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

- 1) “**Barreessaa**” jechuun ogeessa Jaarsolii Mana Murtii Aadaa gargaaree akka hojjetuuf ramadamu jechuudha.
- 2) “**Gaaddisa**” jechuun iddo Manneen Murtii Aadaa hojji isaanii itti gaggeessan jechuu dha.
- 3) “**Gumaata**” jechuun kennaa Mana Murtii Aadaatiif bifaa maallaqaatiin yookiin akaakuun qaamolee adda addaa irraa walitti qabamu jechuu dha.
- 4) “**Heera**” jechuun Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya’ee Bahe Labsii Lakkofsa 46/1994 jechuudha.
- 5) “**Jaarsa**” jechuun aangoo fi hojji Labsii kanaan kennameef akka bahatuuf Mana Murtii Aadaa irratti nama filatamee ramadamu ta’ee akkaataa seera aadaa naannootiin abbaa murtii, hayyuu, abbaa qe’ee, abbaa dhaddachaa yookiin kan biroo jedhamee waamamuu kan danda’u jechuu dha.
- 6) “**Koree**” jechuun Koree Mana Murtii Aanaatiin Jaarsolii Mana Murtii Aadaa filachiisuuf hundaa’u jechuu dha.
- 7) “**Mana Murtii Aadaa**” jechuun mana murtii seera aadaa bu’uureffatee akka hojjetuuf Labsii kanaan hundaa’e yookin jaarmiyaa hawaasaa beekamtiin kennameef jechuu dha.
- 8) “**Mana Murtii**” jechuun bu’uura Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya’ee Bahe, Labsii Lakk.46/1994’tiin kan hundaa’e Mana Murtii Waliigalaa, Mana Murtii Ol’aanaa fi Mana Murtii Aanaa jechuudha.
- 9) “**Mootummaa**” jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaa ti.
- 10) “**Naannoo**” jechuun Naannoo Oromiyaa jechuu dha.
- 11) “**Nama**” jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan namummaa qabu jechuudha.
- 12) “**Sababa Quubsaa**” jechuun sababa kamiyyuu Jaarsolii Mana Murtii Aadaatiin haala qabatama bakka Manni Murtii Aadichaa itti hojjetutti akka sababa amansiisaatti fudhatamu jechuu dha.
- 13) “**Seera Aadaa**” jechuun seera aadaa Oromoo bakka Manni Murtii Aadaa itti hojjetutti argamu ta’ee Heera Mootummaa, hamilee fi haqa uumamaa kan hin faallessine jechuudha.

- 14) “**Walitti Qabaa**” jechuun jaarsa Mana Murtii Aadaa ta’ee hojii fi itti gaafatamummaa Labsii kanaan kennamaniif dabalataan akka raawwatu kan filame jechuu dha.

### **3. Ibsa Koornayaa**

Labsii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

### **4. Daangaa Raawwatiinsaa**

- 1) Labsiin kun nama dhimmi isaa akkaataa Labsii kanaatiin akka ilaalamuuf fedhii qabu hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsame akkuma jirutti ta’ee, dhimmoota isaan ilaallatuun walqabatee qaamolee gara garaa labsii kana keessatti ibsamani irratti raawwatiinsa ni qabaata.

## **KUTAA LAMA**

### **HUNDEEFFAMA, GURMAA’INAA FI AANGOO MANA MURTII AADAA**

### **5. Hundeeffamaa fi Beekamtii Kennuu Manneen Murtii Aadaa**

- 1) Manneen Murtii Aadaa Naannoo Oromiyaa seera aadaa bu’uureffatanii hojjetan Labsii kanaan hundaa’aniiru.
- 2) Jaarmiyaaleen hawaasaa akkaataa seera aadaatiin waldhabbi hiikan akka Mana Murtii Aadaatti gurmaa’insa qabaniif beekamtiin kennamuufii ni danda’a. Tarreeffamni haala raawwii isaa Dambii fi Qajeelfama bahuun kan murtaa’u ta’aa.
- 3) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 jalatti tumame yoo jiraatellee, jaarmiyaaleen hawaasaa akkaataa seera aadaatiin waldhabbi hiikan akkaataa barameen hojii waldhabbi hiikuu hojjechuu kan dhorku miti.

### **6. Kaayyoo Mana Murtii Aadaa**

Manni Murtii Aadaa kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

- 1) Hawaasni naannichaa seera aadaa fi duudhaa bu'uureffachuun waldiddaa akka hiikkatu taasisuu;
- 2) Kenniinsa haqaa seera aadaa irratti hundaa'e, dhugaa fi haqa baasuu irratti fooyya'aa ta'e, hariiroo hawaasummaa wal dhabdootaa cimsuu danda'u hojiirra oolchuudhaan kabajamuu mirgoota lammilee fi ol'aantummaa seeraatiif gumaachuu;
- 3) Hawaasni naannichaa tajaajila haqaa dhaqqabamaa, adeemsi isaa salphaa ta'e baasii xiqqaan akka argatu taasisuu;
- 4) Sirna seeraa fi haqaa guddina aadaa, duudhaa fi afaan Oromootiif gumaachuu fi miiiri abbummaa keessatti mirkanaa'e uumuu.

## **7. Gurmaa'ina Mana Murtii Aadaa**

- 1) Manni Murtii Aadaa gurmaa'insa armaan gadii ni qabaata:
  - (a) Mana Murtii Aadaa Jalqabaa fi;
  - (b) Mana Murtii Aadaa Oldabarfataa.
- 2) Manni Murtii Aadaa Jalqabaa Bulchiinsa Gandaan hunda irratti hundaa'uu ni danda'a.
- 3) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, akkaataa fedhii jiruu fi barbaachisummaa isaatiin gandoota 2 fi isaa ol ta'aniif Manni Murtii Aadaa tokko hundaa'uu ni danda'a.
- 4) Manni Murtii Aadaa Oldabarfataa Aanaalee hundaa fi akka barbaachisummaa isaatti Magaalota irrattis kan hundaa'u ta'a.
- 5) Jaarsolii Mana Murtii Aadichaatiin haala addaatiin kan murtaa'u yoo jiraatellee, teessoon idilee Mana Murtii Aadaa Oldabarfataa Magaalaa Teessoo Bulchiinsa Aanichaa, kan Magaalaa Magaalichuma keessaa fi kan Mana Murtii Aadaa Jalqabaa Gandicha keessa ta'a.
- 6) Manni Murtii Aadaa Jalqabaa fi Oldabarfataa qaamolee armaan gadii kan hammatan ta'a:
  - (a) Walitti Qabaa Jaarsolii Mana Murtii Aadaa fi;
  - (b) Jaarsolii Mana Murtii Aadaa.
- 7) Manni Murtii Aadaa Barreessaa fi akka barbaachisummaa isaatti hojjetaa biraa qabaachuu ni danda'a.

- 8) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-7 fi tumaaleen biroo labsii kana jalatti tumaman yoo jiraatanillee, gurmaa'insi, moggaasnii fi teessoo Mana Murtii Aadaa akkaataa seera aadaa naannichaatiin jiruuf beekamtiin kennamuu ni danda'a.

## **8. Aangoo Mana Murtii Aadaa Jalqabaa fi Oldabarfataa**

- 1) Manni Murtii Aadaa Jalqabaa dhimmoota armaan gadii simatee ilaaluuf aangoo ni qabaata:
  - (a) Dhimma maatii fi hariiroo hawaasaa;
  - (b) Gochoota dambii darbuu fi yakkoota himannaan isaanii iyyannaa nama dhuunfaatiin dhiyaatan;
  - (c) Aangoo seerota birootiin kennamuuf.
- 2) Manni Murti Aadaa dhimma waldhabdee dhiyaatuuf ilaaluu kan danda'u, gareeleen waldhabdee qaban dhimmi isaanii Mana Murtii Aadaatti akka ilaalamu fedhii kan qaban yoo ta'e qofaa dha.
- 3) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, Manni Murtii Aadaa dhimma dhiyaateef ilaaluudhaaf ulaagaalee armaan gadii keessaa yoo xiqaate tokko guutamuu qaba.
  - (a) Garee waldhabdootaa keessaa yoo xiqaate tokko dhalataa yookiin jiraataa Ganda daangaa aangoo Mana Murtii Aadaa sana keessatti argamu yoo ta'e, yookiin;
  - (b) Qabeenyi dhaabbataan waldhabdeef sababa ta'e Ganda daangaa aangoo Mana Murtii Aadaa sanaa keessatti kan argamu yoo ta'e, yookiin
  - (c) Ka'umsi dubbichaa daangaa aangoo Mana Murtii Aadichaa keessatti kan eegale yookiin kan xumura argate yoo ta'e dha.
- 4) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(b) jalatti tumame yoo jiraatellee, Manni Murtii Aadaa dhimmoota yakkaa himannaan isaanii abbaa alangaatiin dhiyaatu ilaalchisee kanneen armaan gadii raawwachuuf aangoo ni qabaata:
  - (a) Garee waldhabdicha keessaa qooda qaban walitti araarsuu;

- (b) Gumaan muruu fi gumaa nyaachisuu;
  - (c) Benyaa kanfalamu murteessuu;
  - (d) Baasii fi kisaaraa kanfalchiisuu.
- 5) Manni Murtii Aangoo qabu dhimmi dhiyaateef gara Mana Murtii Aadaatiin furmaata argachuu qaba jedhee yoo amane yookin seerri ajaju yeroo jiraatu fedhii walfalmitootaa irratti hundaa'ee dhimmicha ilaalee fala akka kennu Mana Murtii Aadaatti qajeelchuu ni danda'a.
- 6) Manni Murtii dhimma fedhii waldhabdootaatiin Mana Murtii Aadaatti ilaalamuu eegalame bu'uura Labsii kana Keewwata 33 (2) tiin yoo ta'e malee simatee ilaaluuf aangoor hin qabaatu.
- 7) Manni Murtii Aadaa Oldabarfataa dhimmoota Mana Murtii Aadaa Jalqabaatiin ilaalamani murtii dhoomaa argatan ilaachisee komii dhiyaatu qofa ilaaluuf aangoor ni qabaata.

## KUTAA SADII

### WAA'EE JAARSOLII MANA MURTII AADAA

#### 9. Ulaagaa Filannoo Jaarsolii Mana Murtii Aadaa

- 1) Namni Jaarsa Mana Murtii Aadaa ta'ee filatamu ulaagaalee armaan gadii kan guutu ta'uu qaba:
- (a) Umriin isaa wagga 40 hanga 72 kan ta'e;
  - (b) Seera aadaa fi safuu bakka Manni Murtii Aadichaa itti hojjetuu kan beekuu fi kabajuu;
  - (c) Hawaasa keessatti fudhatamummaa, gahumsaa fi muuxannoo araaraa buusuu kan qabu;
  - (d) Afaan Oromoo sirnaan kan beeku;
  - (e) Gandicha keessatti jiraataa ta'uudhaan kan beekamu;
  - (f) Jaarsa Mana Murtii Aadaa ta'ee tajaajiluuf fedhii kan qabu;

- (g) Hawaasa keessatti diinagdeen of danda'aa kan ta'e;
  - (h) Hojjetaa mootummaa yookiin dhaabbilee biroo kan hin taane;
  - (i) Miseensa dhaaba siyaasaa kan hin taane;
  - (j) Rakkoo fayyaa qaamaa fi qalbii hojicha gahumsaan hojjachuu hin dandeessisne kan hin qabne;
  - (k) Yakka cimaadhaan balleessaadha kan hin jedhamne yookiin adabamee kan moggaafame.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, ulaagaa Jaarsolii Mana Murtii Aadaa filachuuf barbaachisu dabalataa Dambii fi Qajeelfama bahuun murteessuun ni danda'ama.

## **10. Baay'ina Jaarsolii Mana Murtii Aadaa**

- 1) Manni Murtii Aadaa Jalqabaa Walitti Qabaa dabalatee yoo xiqqaate Jaarsolii Mana Murtii Aadaa Shan ni qabaata.
- 2) Manni Murtii Aadaa Oldabafataa Walitti Qabaa dabalatee yoo xiqqaate Jaarsolii Mana Murtii Aadaa Shan ni qabaata.
- 3) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 jalatti tumame akka eegametti ta'ee, Jaarsolii Mana Murtii Aadaa keessaa yoo xiqqaate tokko (1) dubartii ta'uu qabdi.
- 4) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame yoo jiraatellee, dhimmootni akka gumaa muruu kanneen seera aadaa keessatti qaama addaatiin ilaallaman yeroo qunnaman, qaamoleen akkaataa aadaatiin gahee qaban akka Jaarsolii mana murtii Aadichaatti lakkaa'amanii dhimmicha ni ilaalu.
- 5) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-4 jalatti tumame yoo jiraatellee, akkaataa seera aadaatiin baay'ina Jaarsolii Mana Murtii Aadaa haala addaatiin murteessuun yookiin beekamtii kennuun ni danda'ama.

## **11. Adeemsa Filannoo**

- 1) Manni Murtii Aanaa Koree filannoo Jaarsolii Mana Murtii Aadaa qindeessuu fi gaggeessu ni hundeessa.

- 2) Korichi filannoo Jaarsolii Mana Murtii Aadaa yeroo gaggeessu Bulchaan Gandaan Yaa'ii Jiraattota Gandaan akka waamu ni taasisa.
- 3) Yaa'ii Jiraattota Gandaan gaggeeffamu irrattis Korichi ulaagaa Jaarsolii Mana Murtii Aadaa ittiin filatamuu danda'an Yaa'ichaaf ibsuun yoo xiqlaate kaadhimamtoota Torba eeruu fuudhachuun, namoota eeraman keessaa ni filachiisa.
- 4) Koreen kun eeruu kaadhimamtootaa yemmuu fuudhu Abbootiin Gadaa, haadholiin siiqfee, bulchitootni gosaa, Jaarsoliin biyyaa fi hayyuwwan akka haammataman gochuu qaba.
- 5) Namoota eeraman keessaa ulaagaa kan hin guunne jiraachuu yoo ibsame, korichi akkaataa barbaachisummaa isaatti qulqulleessee kaadhimamtootni ulaagaa guutan biroo akka eeraman ni taasisa.
- 6) Kenniinsi sagalee akkaataa aadaa naannichaatiin kan gaggeeffamu yoo ta'u, kaadhimamtoota sagalee olaanaa argatan keessaa Korichi kanneen ulaagaa barbaachisaa guutan ni filachiisa. Jaarsoliin filataman of keessaa Walitti Qabaa bakka buufatu.
- 7) Jaarsoliin Mana Murtii Aadaa Oldabarftaa adeemsa walfakkaataa hordofuudhaan Yaa'ii Jaarsolii Mana Murtii Aadaatiin kan filataman ta'a.
- 8) Kan Labsii kana Keewwata 9 fi 10 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, Jaarsoliin Mana Murtii Aadaa Oldabarftaa Jaarsolii Mana Murtii Aadaa Jalqabaa keessaa yookiin nama kamiyyuu ulaagaa guutu keessaa filamuu ni danda'u.
- 9) Kan Keewwata kana Keewwaata xiqqaa 1-8 jalatti tumame yoo jiraatellee, bakka seerri aadaa sirna filannoo kana gaggeessuuf gargaaru jirutti filannoont Jaarsolii Mana Murtii Aadaa akkaataa seera aadaa naannichaatiin kan raawwatamu ta'a.

## **12. Kakuu Jaarsolii Mana Murtii Aadaa**

Jaarsoliin Mana Murtii Aadaatiif filataman yeruma bu'aan filannoo isaanii ibsamu akkaataa aadaa bakka Manni Murtii Aadichaa itti hojjetuutti kara Abbaa Gadaa, Qaalluu, Hayyuu, Wayyuu, yookiin Jaarsa Biyyaatiin kakuu akka raawwatan ni taasifama.

### **13. Bara Tajaajila Jaarsolii Mana Murtii Aadaa**

- 1) Barri tajaajila Jaarsa Mana Murtii Aadaa bara hojii Abbaa Gadaa yookiin waggaa saddeet ta'a.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame yoo jiraatellee, walakkaa saddeeta Gadaatti yookiin waggaa afrappaatti Koreen Mana Murtii Aanaatiin hundaa'u Yaa'ii jiraattota Gandaa waamuun akkasumas Yaa'ii Jaarsolii Mana Murtii Aadaa irratti naamusaa fi dandeettiin Jaarsolii Mana Murtii Aadaa irratti yaada qaban akka kennan ni taasisa.
- 3) Jaarsi Mana Murtii Aadaa hirmaattota Yaa'ichaa irraa sababa hanqina dandeettiin fi naamusatiin komiin irratti dhiyaatee fi akkaataa aadaa naannichaatiin sagalee deeggarsaa hojicha ittifufuuf isa dandeessisu hin arganne hojicha irraa ni gaggeeffama.
- 4) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee walakkaa saddeetaa eeguun osoo hin barbaachisiin Jaarsi Mana Murtii Aadaa hanqina dandeettiin yookiin hanqina naamusaa qabaachuu eeruun yookiin komiin irratti dhiyaachuu ni danda'a. Komii dhiyaatus Yaa'ii jiraattota Gandaa waamamu irratti qulqulleessuun yoo mirkanaa'e yeroo kamittuu hojiirraa kaasuun ni danda'ama.

### **14. Sababa Naamusaa fi Dandeettiin Ala Haala Jaarsii Mana Murtii Aadaa Hojiirraa**

#### **Itti Ka'u**

Labsii kana Keewwata 13 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, Jaarsi Mana Murtii Aadaa sababoota armaan gadiitiin hojiirraa ka'uu ni danda'a:

- 1) Fedhii isaatiin;
- 2) Du'aan, miidhaa qaamaatiin yookiin rakkoo fayyaa kan birootiin hojii isaa kan itti fufuu hin dandeenye yoo ta'e;
- 3) Sababa bakka jirenyaa isaa jijiirrateen hojii isaa itti fufuu kan hin dandeenye yoo ta'e;
- 4) Abbaa seeraa Mana Murtii Aadaa Oldabarfataa ta'ee kan filatame yoo ta'e;

- 5) Ulaagaalee Filannoo Jaarsolii Mana Murtii Aadaa Labsii kana Keewwata 9(1) jalatti tarreeffaman keessaa tokko kan hin guutne yoo ta'e yookiin hir'isee yoo argame.

## **15. Hojii Gadi Lakkisuu Beeksisuu fi Filannoo Itti Guutiinsaa**

- 1) Jaarsi Mana Murtii Aadaa akkaataa Labsii kana Keewwata 14 Keewwata Xiqqaa (1) fi (3) tiin hojii gadi lakkisuu barbaade ji'a tokko dursee Walitti Qabaa Jaarsolii Mana Murtii Aadaatiif beeksisuu qaba.
- 2) Walitti Qabaan sababa Keewwata 14 Keewwata Xiqqaa (1) fi (3) tiin hojii gadi lakkisuu barbaade Mana Murtii Aanaaf beeksisuu qaba.
- 3) Walitti Qabaan sababoota Keewwata 14 jalatti tarreeffamaniin Jaarsi Mana Murtii Aadaa yeroo hir'atu Mana Murtii Aanaa beeksisuu qaba.
- 4) Manni Murtii Aanaas Koreen Jaarsolii Mana Murtii Aadaa filachiisuuf hundaa'e miseensa hir'ate adeemsa Labsii kana Keewwata 11 jalatti ibsame hordofuun akka bakka buufamu ni taasisa.

## **16. Bilisummaa Hojii**

- 1) Manneen Murtii Aadaa dhiibbaa siyaasaa, amantaa, ilaalcha dhuunfaa fi qaama kamiiyyuu irraa bilisa ta'anii seera aadaa fi duudhaa Oromoo qofa irratti hundaa'uun hojii isaanii haqaaf haqaan ni gaggeessu.
- 2) Jaarsoliin Mana Murtii Aadaa sammuu isaanii, seera aadaa fi duudhaa hawaasichaa qofaan kan qajeelfaman ta'a.
- 3) Jaarsoliin Mana Murtii Aadaa dhimma aangoo isaanii ta'erratti yookiin fayyaalummaadhaan aangoo akka qaban yaadanii murtii fi ajaja akkaataa seera aadaatiin kennaniif itti gaafatatummaa yakkaa fi hariiroo haawaasaa hin qabaatan.
- 4) Jaarsoliin Mana Murtii Aadaa hanqina naamusaa yookiin dandeettii qabaachuun yoo mirkanaa'e malee bara tajaajilaa isaanii osoo hin xumuriin hojiirraa hin kaafaman.

## **17. Dirqama Jaarsa Mana Murtii Aadaa**

Jaarsi Mana Murtii Aadaa kamiyyuu dirqamoota armaan gadii ni qabaata:

- 1) Naamusa hojichi barbaadu kabajuu;
- 2) Koornayaa, amantaa, gosa, umurii, haala diinagdee, ilaalcha siyaasaa fi haala kamiyyuu bu'uura godhachuu loogii raawwachuu irraa of quachuu;
- 3) Faayidaan hojjechuu irraa bilisa ta'uu;
- 4) Amala fakkeenyummaa qabuu fi jirenyaa dhuunfaa maqaa gaarii Mana Murtii Aadaa ijaaru qabaachuu;
- 5) Iccitii eeguu;
- 6) Miseensa dhaaba siyaasaa kamuu ta'uu dhabuu;
- 7) Murtii mana murtii Aadichaatiin kennamu mara akka kan ofiitti fudhachuu;
- 8) Dhimmi dantaa dhuunfaa keessaa qabu yoo dhiyaate gaaddisa irraa of kaasuu.

## **18. Hojii fi Ittigaafatamummaa Walitti Qabaa**

Walitti qabaan Mana Murtii Aadaa dirqamoota Jaarsolii Mana Murtii Aadaatiif Labsii kana Keewwata 17 jalatti ibsaman kan qabaatu ta'ee, dabalataan itti gaafatamummaawwan armaan gadii ni qabaata:

- 1) Guyyaa gaaddisaa murteessuun Jaarsolii Mana Murtii Aadaa fi qaama ilaallatu beeksisuu;
- 2) Gabaasa Mana Murtii Aadaa qaama ilaallatuuf erguu;
- 3) Waldhabdootaa fi ragaalee kaksiisuu yookiin akka kakatan taasisuu.

## **19. Barreessaa Mana Murtii Aadaa**

- 1) Manni Murtii Aadaa barreessaa tokko ni qabaata.
- 2) Barreessaa Mana Murtii Aadaa ta'ee namni ramadamu ulaagaa Labsii kana keewwata 9 keewwata xiqqaa 1 (b), (c) fi (d) jalatti tumaman guutuu qaba. Ulaagaaleen dabalataa Dambii fi Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

- 3) Barreessaa Mana Murtii Aadaa dorgomsiisee kan ramadu Mana Murtii Aanaa ta'a.  
Tarreeffamni isaa Dambii fi Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 4) Barri tajaajilaa Barreessaa kan Jaarsa Mana Murtii Aadaa ilaachisee Labsii kana Keewwata 13 jalatti tumameen walfakkaataa ni ta'a.

## **20. Hojii fi Dirqama Barreessaa Mana Murtii Aadaa**

- 1) Barreessaan Mana Murtii Aadaa hojiwwan armaan gadii ni qabaata:
  - (a) Iyyataa fi deebii afaaniin kennamu, falmii afaanii, jecha ragoolee, murtii fi ajaja kennamu gaaddisarratti argamuun barreessuu;
  - (b) Ajajaa fi murtii Jaarsoliin Mana Murtii Aadaa kennan irratti mallatteessisu;
  - (c) Beellama guyyaa dhagaha duraa qabuun himataaf beeksisu;
  - (d) Ragaalee dhiyaatan fuudhuu fi sirnaan qabuu; galmee gurmeessuu fi lakkofsa kennuu;
  - (e) Garagalcha murtii kennuu;
  - (f) Gabaasa qindeessuu.
- 2) Barreessaan Mana Murtii Aadaa dirqamoota armaan gadii ni qabaata:
  - (a) Labsii kana Keewwata 17 (1)-(5) jalatti Jaarsolii Mana Murtii Aadaa ilaachisee tarreeffaman;
  - (b) Iyyataa fi deebii gareelee waldhabaniif barreessuu irraa of quachuu;
  - (c) Hojii gaaddisaa kamiyyuu Walitti Qabaan yookiin Jaarsolii Mana Murtii Aadaatiin itti kennamu raawwachuu.

## **21. Itti Gaafatamummaa**

Walitti Qabaan Jaarsolii, Jaarsolii fi Barreessaan Mana Murtii Aadaa dirqamoota Labsii kana keessatti ibsamee fi itti gafatamummaawan seerota birootiin qaban osoo hin bhatiin hafan, akkaataa seera aadaatiin yookiin bu'uura Dambii bahuu fi seerota rogummaa qaban birootiin kan itti gaafataman ta'a.

## **22. Faayidaa**

Fayidaalee fi kanfaltiiwan Barreessaa Mana Murtii Aadaa ilaallatan akka barbaachisummaa isaatti Dambii fi Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

### **KUTAA AFUR**

### **HAALA GAADDISAA**

## **23. Yeroo fi Bakka Gaaddisni Itti Gaggeeffamu**

- 1) Manni Murtii Aadaa bakka uummataaf ifa ta'etti gaaddisa kan gaggeessu ta'a.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, jirenya dhuunfaa waldhabdootaa, hamilee fi nageenya uummataa eeguudhaaf yookiin sababa seerri aadaa hayyamuu birootiin dhimmichi kophattu akka dhaga'amu gochuun ni danda'ama;
- 3) Bakki Manni Murtii Aadaa gaaddisa itti gaggeessu akkaataa gosa dhimma ilaallamuutiin kan murtaa'u ta'ee, kanneen armaan gadii ta'uu ni danda'a:
  - (a) Gaaddisa mukaa jalatti;
  - (b) Galma addatti kaayyoo kanaaf ijaarame yookiin kennname keessatti;
  - (c) Bakkeewwan biroo akkaataa seerri aadaa hayyamuun filataman.
- 4) Yeroon Manni Murtii Aadaa dhaabbiidhaan gaaddisa itti gaggeessu torbeetti guyyaa tokko ni ta'a.
- 5) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 jalatti tumame yoo jiraatellee, akkaataa baay'ina yookiin xiqqueenya dhimmoota dhiyaatanitiin Manni Murtii Aadaa yeroo gaaddisni dhaabbiidhaan itti gaggeeffamu murteessuu ni danda'a.
- 6) Guyyaan gaaddisni dhaabbiin taa'u gaaddisaan kan murtaa'u ta'ee, Manni Murtii Aanaa fi hawaasni bakka Manni Murtii Aadichaa itti hojjetuu beeksifamuu qabu.
- 7) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4-6 jalatti ibsame yoo jiratellee, Walitti Qabaan dhimma bulfame yookiin dhimma ariifachiisaa ilaaluuf guyyaa gaaddisni

jiraatu dabalataa murteessuu ni danda'a. Kanas Jaarsolii Mana Murtii Aadaa fi qaamolee dhimmichi ilaallatu beeksisu qaba.

## **24. Afaan Hojii**

- 1) Afaan hojii Mana Murtii Aadaa Afaan Oromooti.
- 2) Namni Afaan Oromoo hin dandeenye yoo qunname Manni Murtii Aadaa hawaasicha keessaa nama Afaan hiikuu danda'u deeggarsa akka kenu ni taasisa.

## **25. Haala Fedhiin Itti Mirkanaa'u**

- 1) Namni Mana Murtii Aadaatti himata yookiin iyyata isaa dhiyeffate mana murtichaatiin keessummaa'uuf fedhii akka kennetti fudhatama.
- 2) Himatamaan waamichi dhaqqabee erga dhiyaatee booda himata irratti dhiyaateef deebii akka kenu taasisuun dura, dhimmi isaa Mana Murtii Aadaatiin akka ilaalamu fedhii qabaachuun isaa gaafatamee mirkanaa'u qaba.
- 3) Himataan yookiin himatamaan dhimmi isaa Mana Murtii Aadaatti akka ilaalamuuf fedhii erga kenne booda fedhii isaa kaasuu hin danda'u.

## **26. Seera Hojiirra Oolu**

- 1) Seerri Manni Murtii Aadaa hojiirra oolchu seera aadaa bakka Manni Murtii Aadichaa itti hojjetu ta'a.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) jalatti tumame yoo jiraatellee, seerri aadaa hanqinaalee armaan gadii keessaa tokko kan qabu yoo ta'e, raawwatiinsa hin qabaatu:
  - (a) Haqa Uumaa uumamaa kan faallessu; yookiin
  - (b) Haqummaa namummaa kan hin kabajne; yookiin
  - (c) Safuufi safeeffanna kan hin kabajne; yookiin
  - (d) Amantaan, koornayaan, bifaan, umuriin, miidhaa qaamaatiin, gosaan, ilaalcha siyaasaatiin, qabeenyaan, yookiin sababa biraatiin namoota jiddutti loogii kan uumu; yookiin
  - (e) Mirgoota namoomaa kamiyyuu kan mulqu.

3) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, Manneen Murtii Aadaa seera aadaa fi hojimaata dubartoota, daa'imman, qaama miidhamtootaa fi kutaalee hawaasaa miidhaaf saaxilamoo ta'an jajjabeessuu danda'an hojiirra oolchuu ni danda'u.

## 27. Adeemsa Dhimmi Ittiin Dhiyaatu

- 1) Namni dhimmi isaa gara Mana Murtii Aadaatiin akka ilaalamuuf barbaadu Barreessaa Mana Murtii Aadaa dubbisuudhaan dhagaha dhimmichaaf beellama ni qabsiifata.
- 2) Manni Murtii Aadaa Dhagaha dhimmaa eegaluun dura akkaataa seera aadaatiin baay'inni Jaarsolii Mana Murtii Aadaa argamuu qabanii guuttamuu qaba.
- 3) Himataan guyyaa dhagaha dhimmaaf beellamametti argamee dhimmicha gaaddisa irratti dhiyeeffachuu qaba.
- 4) Manni Murtii Aadaa himanni yookiin iyyanni dhiyaate aangoo mana murtichaa kan hin taane yoo ta'e, yookiin himataan akkaataa seera aadaatiin himannicha dhiyeessuuuf nama dantaa hin qabne yoo ta'e yookiin, sababni himannoo hin jiru jedhee yoo amane, himatamaa waamuun osoo hin barbaachisiin dhimmicha addaan kutee himataa gaggeessuu ni danda'a.
- 5) Namni himannaan yookiin iyyanni irratti dhiyaate Mana Murtii Aadaatti dhiyaatee deebii akka kenu nama Jaarsoliin Mana Murtii Aadaa itti amananiin waamichi akka isa dhaqqabu ni taasiifama.
- 6) Namni waamichi bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 tiin dhaqqabee hafe ajajni wamichaa yeroo lammaffaaf ni taasifamaaf.
- 7) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 6 jalatti tumameen namni waamichi taasifameef dhiyaachuu kan hin dandeenye yoo ta'e, bu'uura seera aadaa naannichaatiin tarkaanfiin barbaachisaan kan fudhadhamu ta'a.
- 8) Himatamaan waamichi dhaqqabee guyyaa beellamaatti kan dhiyaate yoo ta'e, himannaan yookiin iyyatni isa irratti dhiyaate Gaaddisa irratti ibsamuufii qaba.
- 9) Himatamaan himanna yookiin iyyata irratti dhiyaate erga dhagahe booda Mana Murtii Aadichaatti dhimmichi akka ilaalamuuf fedhii qabaachuun isaa yoo

mirkanaa'e, Manni Murtii Aadaa himata dhiyaate irratti deebii akka kennu ajajuu yookiin tarkaanfii bira fudhachuu ni danda'a.

- 10) Himatamaan iyyata yookiin himanna irratti dhiyaate yoo amane Manni Murtii Aadaa akkaataa aadaa bakka Manni Murtii Aadichaa itti hojjetuutiin murtii yookiin ajaja barbaachisaa kennuu ni danda'a.
- 11) Himatamaan himanna irratti dhiyaate kan waakkate yoo ta'e, Manni Murtii Aadaa akkaataa barbaachisaa ta'ee argameen qulqulleeffatee murtii kennuu ni danda'a.
- 12) Gareeleen waldhabdee qaban adeemsi dhagaha dhimma erga eegale booda dhiyaachu yoo hin dandeenye, Manni Murtii Aadaa bu'uura seera aadaatiin tarkaanfii barbaachisaa fudhachuu ni danda'a.
- 13) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-11 jalatti tumame jiraatullee, Manni Murtii Aadaa yeroo dhimma dhiyaateef ilaalu seera deemsa falmii aadaa bakka Manni Murtii Aadichaa itti hojjetu biroo hordofuu ni danda'a.
- 14) Himannaan yookiin iyyanna himataan dhiyeffatus ta'e, deebiin himatamaan dhiyeffatu kamiyyuu fedhii nama falmicha dhiyeffatuu irratti hundaa'ee barreeffamaan yookiin afaniin ta'uu ni danda'a.
- 15) Dhimma Mana Murtii Aadaatiin ilaallamu irratti gareen kamiyyuu abukaatoo bakka buufachuun falmii dhiyeffachuu hin danda'u.
- 16) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 14 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee miseensa maatii yookiin nama biroo seera aadaa bakka Manni Murtii Aadichaa itti hojjetuutiin hayyamamuufiin bakka bu'amuu ni danda'u.

## 28. Ragaa Dhagahuu

- 1) Manni Murtii Aadaa nama kamiyyuu dhimma harkaa qabu ni ibsa jedhee yoo amane yookiin namni gareelee waldhabaniin akka ragaatti eerame akka dhiyaatu waamicha ni taasisaaf.
- 2) Namni ragaa akka bahuuf waamichi Mana Murtii Aadaa isa dhaqqabee sababa quubsaa malee dhiyaachuuf fedhii kan hin qabne ta'uun yoo hubatame, Manni Murtii Aadaa dirqamee akka dhiyaatu akkaataa seera aadaatiin tarkaanfii barbaachisaa

fudhachuu yookiin karaa Bulchiinsa Gandaatiin to'atamee akka dhiyaatu ajajuu ni danda'a.

## **29. Kakuu**

- 1) Manni Murtii Aadaa himannaa, iyyata, deebii akkasumas ragaa dhagahuun dura gareeleen waldhaban yookiin ragaan akkaataa aadaa bakka Manni Murtii Aadichaa itti hoijjetutiin yookin akkaataa amantaa dhuunfaa isaatiin kakuu akka raawwatu ni taasisa.
- 2) Namni kamiyyuu namni biraq gochaa adda bahee iyyata keessatti ibsame kan raawwate yookiin kan hin raawwanne ta'uu kakuu raawwachuun akka amanamuuf Mana Murtii Aadaatti iyyata dhiyeffachuu ni danda'a.
- 3) Manni Murtii Aadaa iyyatni bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin yeroo dhiyaatuuf qaamoleen dhimmichi ilaallatu akka dhiyaatan erga godhe booda akkaataa aadaa naannichaatiin kakatanii akka amanaman ni taasisa.
- 4) Namni bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 fi 3 tiin bu'uura iyyata irratti dhiyaateetiin kakuu raawwatee amanamuuf fedhii hin qabne gochaa itti shakkame akka raawwateetti fudhatamee Manni Murtii Aadas akkaataa seera aadaatiin ajajaa fi murtii barbaachisaa ni dabarsa.

## **30. Qaamaan Argamuun Dhimmoota Ilaaluu**

Jaarsoliin Mana Murtii Aadaa waldhabdeewwan daangaa lafaa, mirga daandii irra deeman argachuu, itti fayyadama bishaan lagaatiin walqabatanii fi kanneen biroo barbaachisoo ta'anii argaman ilaalchisee iddo walhabdeef sababa ta'etti qaamaan argamuun qulqulleessuu ni danda'u.

## **31. Adeemsa Kenna Murtii**

- 1) Manni Murtii Aadaa dhimma dhiyaateef waliigaltee araaraa gareewwan waldhabaniitiin akka xumuramuuf tattaaffii ni taasisa.

- 2) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin dhimmichi yoo waliigalteen xumurame gaaddisni qabiyyee araaraa galmeessee waldhabdoota ni gaggeessa.
- 3) Waliigalteen araaraa bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin irra gahame akka murtii Mana Murtii Aadaatiin kennameetti fudhatamee qaama murticha kenneen ni raawwachiifama.
- 4) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-3 tiin dhimmicha waliigaltee araaraa gareewan walhaban giddutti taasifamuun xumuruun yoo hin danda'amne, Jaarsoliin Mana Murtii Aadaa dhimmicha qulqulleessuun adeemsa seerri aadaa naannichaa hayyamu hordofuudhaan ajaja yookiin murtii araaraa ni kenu.
- 5) Jaarsoliin murtii yookiin ajaja araaraa kennaniif seera aadaa fi sababa murtichaaf bu'uura godhatan ifatti ibsuun murtiin araaraa kenname gaaddisa irratti waldhabdootaaf beeksisuu qabu.
- 6) Jaarsoliin murtii araaraa bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 fi 5 tiin kenname irratti gareeleen walhaban akka waliigalaniifi waan irratti waliigalanis akka raawwatan waliigalchuuf tattaaffii ni taasisu.
- 7) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 6 tiin gareelee walhaban murtii araaraa kenname irratti waliigalchuun kan hin danda'amne yoo ta'e, garee komii isaa qaama ilaallatutti dhiyeeffachuu barbaaduuf mirgi oldabarfataa ni eegama.

## **32. Gosa Murtii Araaraa**

- 1) Manni Murtii Aadaa gosoota murtii araaraa armaan gadii keessaa tokko filachuun yookiin tokkoo ol walirratti kennuu ni danda'a:
  - (a) Nama badii qabaachuu isaa mirkanoeffate gorsuu fi akekkachiisuu;
  - (b) Beenyaa, qabeenya deebisiisuu, gatii muruu yookiin tilmaama qabeenyaakaffalchiisuu, gaaffii miidhaa diinagdeen walqabatee dhiyaatu kamiyyuu kabachiisuu;
  - (c) Gumaa muruu;
  - (d) Qaanmi himatame gochaa tokko akka itti deebi'ee hin raawwanne yookiin akka raawwatu gochuu;

- (e) Baasii fi kasaaraa;
  - (f) Hojii humnaa;
  - (g) Adabbii maallaqaa;
  - (h) Murtiawan biroo seera aadaa bakka Manni Murtii Aadichaa itti hojjetuutiin fudhatama qaban.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, Manni Murtii Aadaa gosoota murtii armaan olitti ibsaman yeroo kennu akkaataa seera aadaa naannichaatiin bifa maallaqatiin yookiin akaakuun akka raawwatamu murteessuu ni danda'a.

### **33. Oldabarfata**

- 1) Namni Murtii Mana Murtii Aadaa Jalqabaa irraa komii qabu komii isaa Mana Murtii Aadaa Oldabarfataatti dhiyeffachuu ni danda'a.
- 2) Namni Mana Murtii Aadaa Oldabarfataa irraa komii qabu, komiin isaa kanneen armaan gadii keessa tokko yoo ta'e, Mana Murtii Aanaatti dhiyeffachuu ni danda'a:
  - (a) Seera aadaa mirga walqixxummaa gareewan walhabanii hin kabajne hojiirra oolchuu;
  - (b) Mirga dhagahamuu yookiin ragaa falmii dhiyaate mirkaneessuuf murteessaa ta'e garee tokkoon dhiyaate bira darbuu;
  - (c) Seera aadaa yookiin hojimaata mirgoota namoomaa fi bilisummaawwan bu'uuraa Heera Mootummaa fi sanadoota Idil-addunyaa biyyi keenya fudhatte keessatti ibsaman cabsu kamiyyuu hojiirra oolchuu.
- 3) Namni murtii araaraa yookiin ajaja Mana Murtii Aadaatiin kennamu irraa komii qabu guyyaa murtiin kenname irraa eegalee guyyoota 15 keessatti garagalcha murtii gaafachuu qaba.
- 4) Manni Murtii Aadaa guyyaa garagalcha gaafatame irraa kaasee guyyoota 15 keessatti garagalcha murtii garee gaafateef kennuu qaba.

- 5) Namni murtii Mana Murtii Aadaa irraa komii qabu guyyaa garagalcha fudhate irraa eegalee guyyoota 30 keessatti qaama aangoo qabutti dhiyeeffachuu qaba.
- 6) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3-5 jalatti kan ibsame jiraatus Manni Murtii Aadaa yookiin Manni Murtii Aanaa sababni quubsaan dhiyaachuu isaa yoo mirkanoeffate guyyaa olitti ibsameen osoo hin daanga'iin garagalcha murtii kennuu yookiin komii dhiyaate keessummeessuu ni danda'a.
- 7) Manni Murtii Aadaa Oldabarataa komiin dhiyaate qulqulla'u akka qabu yoo amane deebii kennaan akka argamu waamicha ni dhaqqabsiisa.
- 8) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 7 tiin deebii kennaan waamichi dhaqqabee kan hafe yoo ta'e, bakka hin jirretti dhimmicha qulqulleessee murtii yookiin ajaja barbaachisaa ni kenna.
- 9) Manni Murtii Aadaa Oldabarataa seera aadaa bu'uureffachuun komii dhiyaate ilaachisee murtii jalaa fooyeessuu yookiin cimsuu yookiin diiguu yookiin barbaachisaadha jedhee yoo amane seeraa fi firii dubpii jiru irra deebi'ee qulqulleeffachuun murtii fi ajaja barbaachisaa kennuu ni danda'a. Murtiin haala kanaan kennamu isa dhumaa ta'a.
- 10) Manni Murtii Aanaa komii bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin dhiyaataniif ilaaluun qajeltoowwan mirgoota namoomaa Heera Mootummaa fi sanadoota Idil-addunyaa biyyi keenya fudhatte keessatti haammataman bu'uureffachuun murtii yookiin ajaja barbaachisaa ta'e kennuu ni danda'a.
- 11) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 11 tiin Murtii yookiin ajaja kennamu irratti namni komii qabu Mana Murtii Aangoo qabuuf dhiyeeffchuu ni danda'a.

#### **34. Murtii Araaraa yookiin Ajaja Mana Murtii Aadaatiin Kenname Raawwachiisuu**

- 1) Manni Murtii Aadaa ajaja waamichaa himatamaan yookiin ragaan akka dhiyaatu dabarsu yookiin ajaja namni shakkame dhiyaatee kakatee akka amanamu kennu akkasumas dhimma dhiyaateef erga quulqulleesse booda murtii araaraa kennu bu'uura seera aadaa naannichaatiin raawwachiisuuf aangoo ni qabaata.

- 2) Namni ajaja yookiin murtii Mana Murtii Aadaa raawwachuuf dirqama qabu ajaja yookiin murtii kenname dhiyaatee akka raawwatu Mana Murtii Aadaatiin ni ajajama. Fedhii kan hin qabne ta'uu, Manni Murtii Aadaa yoo hubate:
- (a) Waamee sababa isaa ni gaafata; akka raawwatu ni akekkachiisa;
  - (b) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2(a) tiin akekkachiisa kennameef kan hin fudhanne yoo ta'e, akkaataa haala qabatamaa dhimmichaa fi aadaa bakka Manni Murtii Aadichaa itti hojjetuutiin qoqqobbi diinagdee yookiin hawaasummaa irratti ni dabarsa.
  - (c) Qoqqobbiin bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 (b) tiin himatamaa irra kaa'amuakkuma jirutti ta'ee, barbaachisaa ta'ee yoo argame Manni Murtii Aadaa akkaataa seera aadaatiin murtee isaa dirqisiisee raawwachiisuuf yookiin caasaalee sirna gadaa keessa jiran kan akka foollee, makkalaa, jaallaba yookiin jal-kaawaa fa'a gargaaramuun yookiin bulchiinsa Gandaa ajajuun murtii kenne raawwachiisu ni danda'a.
  - (d) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 (a) - (c) tti jiraniin murtii araaraa yookiin ajaja kenname raawwachiisuuf yaalamee yoo hin danda'amne Manni Murtii Aadaa sababa raawwachiisuun dadhabameef ibsuuf murticha akka raawwachiisu Mana Murtii Aanaatiif ni beeksisa.
  - (e) Manni Murtii Aanaas murtii araaraa yookiin ajaja Mana Murtii Aadaa bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 (d) tiin dhiyaateef akka murtii ofii kenneetti fudhachuun ni raawwachiisa.
- 3) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame yoo jiraatellee, Manni Murtii Aadaa Jalqabaa murtii Mana Murtii Aadaa Oldabarfataan kennamu akka raawwachiisu ajajamu ni danda'a.
- 4) Manni Murtii Aadaa yeroo murtii adabbii maallaqaa, beenyaa, gumaa ilaallatu raawwachiisu akkaataa aadaa bakka itti hojjetuutiin hirphatee akka kaffalu gochuu fi haala biroo murtichi ittiin raawwatamu ajajuu yookiin murteessuu ni danda'a.

- 5) Gareen tokko murtii araaraa yookiin ajaja Mana Murtii Aadaatiin kennname irratti oldabarfata kan gaafate yoo ta'e, hanga furmaatni kennamutti raawwiin murtii akkaataa seera aadaatiin dhorkamee akka turu ajajamuu ni danda'a.

## **KUTAA SHAN**

### **TUMAALEE ADDA ADDAA**

#### **35. Madda Galii**

- 1) Manni Murtii Aadaa maddoota galii armaan gadii ni qabaata:
  - (a) Buusii uummata bakka Manni Murtii Aadichaa itti hojjetu irraa walitti qabamu;
  - (b) Adabbii maallaqaa bu'uura Labsii kana Keewwata 42 tiin murtaa'u;
  - (c) Gumaata qaamolee mootummaa fi miti-motummaa irraa walitti qabamu.
- 2) Haalli raawwii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

#### **36. Haala Itti Fayyadama Galii**

Galiin bu'uura Labsii kana Keewwata 35 tiin walitti qabamu kaayyoowwan armaan gadiitiif kan oolfamu ta'a:

- 1) Kenna tajaajilaa Mana Murtii Aadaa fooyyessuuf;
- 2) Fayidaalee fi kanfaltiiwwan Dambii fi Qajeelfama bahuun Barreessaa fi hojjettoota biroo Manneen Murtii Aadaatiif murtaa'an raawwachuuuf.

#### **37. Dirqama Manneen Murtii**

- 1) Dambii fi Qajeelfama Labsii kana raawwachiisuuf bahuun kan murtaa'u akkuma jirutti ta'ee, Manni Murtii Waliigala Oromiyaa dirqamoota armaan gadii ni qabaata:
  - (a) Dhimmootni kara Mana Murtii Aadaatiin akka xumuraman ni jajjabeessa;

- (b) Loojistikii fi humna namaa qabu irraa Manneen Murtii Aadaatiif deeggarsa ni taasisa;
  - (c) Mirgoota namoomaa, duudhaalee naamusaa fi dhimmoota biroo barbaachisaa ta'an irratti Jaarsolii Mana Murtii Aadaatiif leenjii akka kennamu ni taasisa;
  - (d) Gabaasa isaa Caffee Naannichaaf dhiyeessu keessatti raawwii hojii Manneen Murtii Aadaa Naannichaa ni haammachiisa.
- 2) Dambii fi Qajeelfama Labsii kana raawwachiisuuf bahuun kan murtaa'u akkuma jirutti ta'ee, Manni Murtii Aanaa dirqamoota armaan gadii ni qabaata:
- (a) Akkaataa Labsii kana keessatti tumameen Manneen Murtii Aadaa akka hundaa'an ni taasisa;
  - (b) Jarmiyaalee hawaasaa waldhabbi hiikaa turaniif akka Mana Murtii Aadaatti beekamtii ni kenna; deeggarsa isaan barbaachisu ni taasisa;
  - (c) Manneen Murtii Oldabarfataa hundaa'an humna namaa fi loojistikiidhaan ni deeggar;
  - (d) Jaarsoliin Mana Murtii Aadaa akka filamanii fi Barreessaan akka ramadamu ni taasisa;
  - (e) Komiiwwan naamusaa gareelee waldhaban yookiin qaama biroo ilaallatu irraa Jaarsolii Mana Murtii Aadaa ilaalchisee dhiyaatan simachuun Koree hundeessuun qulqulla'ee murtii akka argatu ni taasisa;
  - (f) Manneen Murtii Aadaa raawwii hojii isaanii ilaalchisee gabaasa akka dhiyeessan ni taasisa; ni gamaggama; bu'a-qabeessummaa isaanii fooyyessuudhaaf deeggarsa barbaachisaa ni kenna;
  - (g) Raawwii adabbii Manneen Murtii Aadaatiin darbu ni hordofa; iddo hanqinni jirutti sirreffamni barbaachisaan akka fudhatamu ni taasisa;
  - (h) Murtiiwwan Manneen Murtii Aadaatiin kennaman raawwatamuu isaanii ni hordofa; deeggarsa gaafatamu irratti hundaa'uun ni raawwachiisa.

### **38. Dirqama Bulchiinsa Gandaan**

Dambii Labsii kana raawwachiisuuf bahuun kan murtaa'u akkuma jirutti ta'ee, Bulchiinsi Gandaan Mana Murtii Aadaatiin yoo gaafatamu dirqamoota armaan gadii ni qabaata:

- 1) Nageenya gaaddisaa eegsisuu;
- 2) Ajaja Manni Murtii Aadaa kenu raawwachuu yookiin raawwachiisuuf;
- 3) Adabbii maallaqaa fi hojji humnaa raawwachiisuuf;
- 4) Iddoo gaaddisni itti gaggeeffamu mijeessuu;

### **39. Dirqama Biiroo Aadaa fi Turizimii**

Dambii Labsii kana raawwachiisuuf bahuun kan murtaa'u akkuma jirutti ta'ee, Biirroon Aadaa fi Tuurizimii fi caasaaleen isaa sadarkaan jiran dirqamoota armaan gadii ni qabaata:

- 1) Seerri aadaa akka guddatu qorannoo gaggeessuun bu'aan isaa akka hojiirra oolu qaama dhimmi ilaalu wajjin ni hojjeta;
- 2) Hojji koodifikeeshinii seerota aadaa naannichaa qaamolee dhimmi ilaalu waliin ni hojjeta;
- 3) Jaarsolii Mana Murtii Aadaatiif seera aadaa irratti leenjii akka argatan haala ni mijeessa;
- 4) Seerri aadaa dhalootaa dhalootatti akka ce'aa deemuuf hojiilee barbaachisoo ni hojjeta;
- 5) Manneen Murtii Aadaa fooyya'aa akka deeman hojji gargaaru kamiyyuu ni hojjeta,
- 6) Mana Murtii Aanaa waliin ta'uun gumaata galii Manneen Murtii Aadaa cimsuuf oolu walitti ni qaba.

### **40. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

- 1) Qaamni dhimmi ilaalu kamiyyuu dhimmoota Labsii kana keessatti hammataman hojiirra oolchuuf dirqama deeggarsa kennuu ni qabaata.

- 2) Murtii qoqqobbii fi ajajoota biroo Manneen Murtii Aadaatiin kennaman namootni dhuunfaa, afooshaaleen akkasumas qaamoleen mootummaa fi miti-mootummaa biroo kabajuuf dirqama qabu.

#### **41. Waa'ee Yaa'ii Jaarsolii Mana Murtii Aadaa**

- 1) Yaa'iin Jaarsolii Mana Murtii Aadaa sadarkaa aanaatti waggaatti altokko ni gaggeeffama.
- 2) Jaarsoliin Mana Murtii Aadaa Jalqabaa fi Oldabarfataa aanichaa hundi Yaa'icha irratti ni hirmaatu.
- 3) Pirezidaantiin Mana Murtii Aanaa Walitti Qabaa Yaa'ichaa; Ittigaafatamaan Waajjira Aadaa fi Tuurizimii Aanichaa Itti Aanaa Walitti Qabaa Yaa'ichaa ni ta'a.
- 4) Yaa'ichi ajandaa hirmaattota, Walitti Qabaa fi Itti Aanaa Walitti Qabaa Yaa'ichaa irraa dhiyaatan irratti ni mari'ata.
- 5) Yaa'ichi bu'uura labsii kana Keewwata 11'tiin Jaarsolii Mana Murtii Aadaa Oldabarfataa ni fila; kanneen hanqina dandeettii fi naamusaa qabaachuu mirkaneeffate hojiirraa ni kaasa.

#### **42. Adabbiwwan**

- 1) Manni Murtii Aadaa nama adeemsa falmii seera aadaa naannichaa hin kabajne adabuu ni danda'a.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, gochawwan armaan gaditti ibsaman bu'uura seera aadaa naannootiin adabbii jiru kan hordofsiisan ta'a:
  - (a) Nama Mana Murtii Aadaatiin akka himatamaatti akka dhiyaatu waamichi dhaqqabee sababa quubsaa malee argamuu dhabe;
  - (b) Nama Manni Murtii Aadaa hojii isaa yeroo raawwataa jiru dogongorsiise, jeeqe, yookiin gaaddisa irratti Jaarsa Mana Murtii Aadaa, Barreessaa, abbaa dhimmaa, yookiin ragoolee arrabse, doorsise, sodaachise yookiin bifa kamiiniyyuu hojii gaaddisaa gufachiise;

- 3) Manni Murtii Aadaa qaama kamiyyuu ajaja isaa kabajuu dide yookiin hojii isaa gidduu lixuun dhiibbaa hin malle uume akkaataa seera aadaatiin tarkaanfii barbaachisaa irratti fudhachuu ni danda'a.

#### **43. Aangoo Dambii fi Qajeelfama Baasuu**

- 1) Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa Labsii kana hojii irraa oolchuuf Dambii barbaachisu baasuu ni danda'a.
- 2) Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Labsii kanaa fi Danbii Labsii kana raawwachiisuuf buhu hojiirra oolchuuf Qajeelfama baasuu ni danda'a.

#### **44. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Labsiin, dambiin, qajeelfamni yookiin murtiin tumaalee Labsii kanaan wal faallessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

#### **45. Yeroo Labsichi Hojirra Itti Oolu**

Labsiin kun guyyaa Magalata Oromiyaa irratti maxxanfamee bahe irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Finfinnee**

**Waxabajjii Guyyaa ..... Bara 2013**

**Shimallis Abdiisaa**

**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**